Bara mootii Waliid ibnu Abdulmalik keessas Guyyaa tokko dhimma wa'ii keessatti wanta maatii bulchitootaa tuqu fuul-dura Waliiditti dubbate. Waliidis aaree *"dubbiin kee soba."* Jedhee dheekkame. Umaris *"ergan guyyaa sobni abbuma sobe salphisuu dhagahee irraa hanga har'aatti sobee hin beeku."* Jedheen

Bara mootii Sulaymaan ibnu Abdulmalik keessas guyyaa tokko Umar Sulaymaan waliin osoo hajjiirra jiranuu Sulaymaan baay'ina namaa ilaalee Umaritti dubbatee *"Yaa Umar nama baay'ina isaa yoo Rabbiin ta'e malee namni hin beekne kana argitaa?"* jedheen. Umaris erga ilaaleen booda *"namoonni ati argitu kun har'a bulchiinsa kee jalatti argamu. Bor fuul-dura Rabbiitti ammoo himattoota keeti."* Jedheen. Sulaymaanis rifatee *"yaa Umar himattoota koo kana Rabbiin himattoota kees godhee ittiin si haa qormaatu."* jedheen

Guyyaa biraas osoma waliin hajjiirra jiranuu guyyaa arafaa osoo dirree arafaarra dhaabbatanuu bokkaan jabaan roobe calanqeen gar malee calanqise. Kakawweenis gar-malee kakawwise. Sulaymaan taatee kanaan rifatee burjaaja'ee farda isaa jala lixe.Yeroo gara Umar mil'atu Umar itti kolfaa ture. Sulaymaanis *"yaa Umar taatee kana argaa kolfitaa?!"* jedheen. Umaris *"Yaa Amiira Mu'umintootaa kun Rahmata Rabbi irraa ta'edha. Kan Rahmanni Rabbii akkas si goote. Osoo adabbii isaa ta'ee hoo maal gochuuf turte?"*Jedheen.

Bara bulchiinsaa Abdulmalik ibnu Marwaan keessa bulchiinsa kutaalee biyyaa irratti ramadaman *"Waliid ibnu Abdulmalik [Shaam irratti], Hajjaaj ibnu Yuusuf [Iraaq irratti], Muhammad ibnu Yuusuf [Yaman irratti], Usmaan ibnu Hayyaan [Hijaaz irratti], Qurrat binu Shariik [Misir irratti] ramadamaniiru."* Jechuun yeroo himamu Umaris *"dachiin Rabbii cubbuudhaan guutamteetti"* jechuun dubbate.

Umar aangoo irraa buufamuu isaa.

Bulchaa biyya Iraaq ta'uun barootaaf kan ture. Bakka bu'aa bulchiinsa Umawiyyootaa ta'uun Iraaqirratti kan tajaajilaa turee fi jiru Hajjaaj ibnu Yuusuf har'as (yeroo Umar Hijaaziin bulchaa jiru keessa.) dhiibbaa inni beektota hedduu fi akkasumas hawaasicharratti geessisu irratti hundaa'uun beektonni hedduun gara bulchiinsa Umar kan taate Hijaazitti baqachuun nageenya argatanii jiraataa turani. Bara 93(A.L.Hijraatti)Umar hojimaanni Hajjaaj haqummaa irraa fagaachuun isaa daran waan isa dallansiiseef *"dhiibbaa Hajjaaj ummatarratti godhaa jiru akka nuuf dhaabsistanu."* jechuun xalayaa barreessee gara mootii Waliid ibnu Abdulmalitti erge.

Hajjaajis kallattii qeexxuu isaa kan Umariin biratti argamuutiin dhimmi kun isa qaqqabe. Kanaafuu hatattamaan xalayaa sana karaatti hanbisuun kallattii ofiitiin ammoo xalayaa barreessee hatattamaan gara Waliid ibnu Abdulmalikitti erge.

Xalayichis *"Amma dura ummanni ani bulchu jechuun ummanni biyya Iraaq anaafis ta'ee bulchiinsa keenya bulchiinsa Umawiyyaatiif kabajaa fi jaalala guddaa kan qabu ture. Haa ta'u malee erga Umar muudameen booda namoonni hedduun aangoo koo tuffachuun gara bulchiinsa Umar kan taate Hijaazitti galaa jiru. Kanaafuu ol ta'iinsaa fi kabajaa bulchiinsa keenyaatiif jecha. Osoo waan godhamuu qabu gootanii gaariidha."* Jedha ture.

Waliidis xalayaan sun akkuma isa qaqqabeen xalayaa barreessee gara Hajjaajitti erge. Xalayicha keessattis *"namoota bulchuu keessatti ga'umsa qabanu maqaa namoota lamaa naaf ergi."* Jechuun itti erge. Hajjaajis xalayaa sanarratti hundaa'uun maqaa namoota lamaa Usmaan binu Hiyaan fi Khaalid binu Abdallah barreessee ergeef.

Waliidis Umariin hatattamaan aangoo irraa kaasuun Khaalid binu Abdallah Makka irratti. Akkasumas Usmaan binu Hiyaan ammoo Madiina irratti muude.

«««FBG»»»

BOQONNAA AFUR

Bara Bulchiinsa Mootii Umar Ibnu Abdul'aziiz (Safar, 99 - Rajab, 101A.L.Hijraatti.)

"Namoota karaa amantaa dhugaa nama akeekanuu fi barsiisanu. Dhugaaf dhara ummataaf adda baasanu. Dachii cubbuun duute haqummaan lubbuu itti horanu maatoolii jaarraa hundaa irratti Rabbiin ni ergata. Jaarraa jalqabaa[33] irratti Umar ibnu Abdul'aziziin argine. Jaarraa lammataa irratti ammoo Imaam Ash-shaafi'ii argine"

(Imaamu Ahmad ibnu Hanbal)

Mootichi Waliid ibnu Abdulmalik bara 86-96 (A.L.Hijraatti) erga bulcheen booda guyyaan isaa geenyaan gara biyya itti aanuutti ce'e. Obboleessi isaa Sulaymaan ibnu Abdulmalikis aangoo fudhatee biyya bulchuu itti fufe. Barri bulchiinsa isaas (96 - 99 A.L.Hijraatti) ture.

Duula bara (98-99 A.L.Hijraatti) godhameenis duula seenaa keessatti beekamaa ta'ee fi yoomillee hin

[33] Dhaloota Rasuula qaqqabe (Sahaabota) tti aanseeti kan inni lakkaawame.

dagatamneduulaQusxanxiiniyaa[34]jedhamuun beekamu taasise. Bara 99 (A.L.Hijraatti) ji'a safar keessa guyyaa jumu'aa (jimaataa) uffannaa bareeffatee jumu'aa salaachisuuf gara masjidaa adeeme. Garuu guyyaa sana dhibeen isaa daran itti jabaatee gara manaatti deebifame.

Rajaa'a ibnu Haywaa yeroo dubbatu akkana jedha. "Yeroo dhukkubsate sana ilmi isaa Ayyuub jedhamu akka inni aangoo isaa dhaaluuf na mariisise. Garuu gurbaan isaa sun daa'ima waan tureef baadhachuu akka hin dandeenyen hubachiiseen.

Itti aansuunis ilma isaa Daawud jedhamu ilaalchisees naan mari'ate. Haa ta'u malee Daawudis duula qusxanxiiniyaa duuluuf dura bu'ummaadhaan waraana 200,000 (kuma dhibba lama) ol fudhatee deemee garuu as hin deebine. Kanaafuu kan Daawudis rakkisaa akka ta'e ittan hime.

Xumura irrattis Umar ibnu Abdul'aziiziin natti dhiheesse. Anis namni amaanaa isaa baachuu danda'u kan isarra wayyaa ta'e akka hin jirren hubachiiseen. Innis gammadee du'a isaatiin booda akka inni aangoosaa dhaaluuf xalayaa barreesse.

Xalayaan inni barreesses ***'Maqaa Rabbii Allaahii Rahmaanii fi Rahiimiin. Xalayaan kun Sulaymaan ibnu***

---

[34] (Koonistaanti nooppil) jedhamuunis ni beekama. Waraanichis roomaanotaa waliin ture.

Abdulmalik irraa Umar ibnu Abdul'aziiziif. Aangoo koo isa dhaalchiseera. Isatti aansee ammoo Yaziid ibnu Abdulmalik haa dhaalu. Ittiin bulaa. Rabbiin sodaadhaa hin morminaanii. Diinni gidduu keessan seenaa.' jedha ture.

Xalayaa kanas gara Ka'ab binu Haamid Al-Abasiitti erguun akkanni maatii Sulaymaan ibnu Abdulmalik walitti qabuun osoo hin hiikamin ajaja xalayaa kana keessa jiru fudhachuuf waadaa galanu taasisu ajajeen. Ka'abis wanta ajajame mormii malee geggeessee waadaa jara galchisiise. Jarris wanta keessa jiru waan hin beekneef waadaa galanii bittinnaa'ani."jedha.

Akkuma Sulaymaan du'een awwalcha isaatiin duratti. Masjida keessatti namoonni hunduu akka walitti qabamanu gochuun Ka'ab ibnu Haamid Al-Abasiin amaanaa Sulaymaan isatti kennate irratti hundaa'uun namoota fuul-duratti mimbariirra ba'ee xalayaa itti kenname sana dubbise.

Akka seera jaraatti kan mootii ta'uu danda'u maatii Abdulmalik ibnu Marwaan malee Abdul'aziiz ibnu Marwaan hin turre. Kanaafuu namoonni maatii Abdulmalik ibnu Marwaan ta'an gariin mamii kaasan. Umar ibnu Abdul'aziiz masjida keessatti naannoo xumuraa taa'aa ture. Akkuma dhagaheenis rifatee *"Innaa Lillaahi Wa Innaa Ilayhi Raaji'uun"* jedhe.

Namoonni dura bu'oota ta'an kanneen akka Ka'ab fi kanneen biroos Umar bakka jiru irraa gara mimbaraatti akka dhufu gaafatan. Garuu Umar gar-malee rincice. Haa ta'u malee boodarra waamichi daran jabaannaan fuul-duratti dhufe. Gurguddoonni ummataas dabareen dhufanii harka fuuchuun simannaa fi qeebaltii jaraa agarsiisan.

Umaris osoo woma tokkollee hin dubbatin yeroo dheeraadhaaf cal'isee minbararra ture. Boodarra ol ka'uun Rabbiin faarfate. Ergamaa Rabbiittis rahmataa fi nageenya buuse. Itti aansuunis haasawa xiqqoo godhee akkas jedhe.

"Yaa ummataa ana jechuun nama ofiin cal'isee murteessu osoon hin taane nama haqa ilaalee murteessu dha. Nama waan haaraa amantaatti seensisu osoon hin taane nama karaa duraanii hordofu dha. Akkuma isin tole jettanii na qeebaltanitti yoo namoonni isin jalatti argamanu hundi tole jedhanii na qeebalan isinin hoggana. Yoo hin taane garuu sin hogganuu hin danda'u" jedhee minbararraa bu'e.

Erga Sulaymaaniin awwaalaniin boodasUmar naannawuma awwaalcha sulaymaan sana osoo taa'uu namoonni farda mootoleen yaabbatanu fidanii bira dhaabbatan. Umaris maal akka fedhan jara gaafate. Jarris farda mootoliin yaabbatanu waan ta'eef yaabbatee akka deemuuf isa affeeran. Inni garuu didee *"Gaangoo koo as naaf butaa."* jechuun gaangoo ofii yaabbatee gara masjidaatti imalaaf ol ka'e.

Kana malees yeroo inni deemsaaf qophaa'us eegdonni moototaa Umaritti dhihaachuun namoota irraa fageessuuf yaalan. Umaris *"Ani namticha ummata kana irraa tokko ta'e qofa."* Jechuun jara dhoorge. Kallattiinis gara masjidaatti imale. Hawasnis isa hordofuun masjida guute.

Umar ummanni dhufeeraa barraan mimbaratti ol ba'ee haasawa godhe. Rabbiin faarfate. Ergamaa keenya Muhammadittis (S.A.W) rahmataa fi nageenya buuse. Itti aansuunis...

"Yaa ummataa akkuma argitanu dhimma hamaa kanaan osoon hin barbaadin qormaatameera. Akkasumas marii gidduu muslimootaatti geggeeffameen maletti gara itti gaafatamummaa kanaatti dhufeera. Garuu itti gaafatamummaa kana ofirraa kaaseera. Isinumti mataa keessaniin nama isiniif ta'u filadhaa." jedhee gadi taa'e.

Ummannis mormii tokko malee sagalee tokkoon *"Yaa dura-bu'aa mu'umintootaa nuti si filanneerra. Si jaalanneerras. Bara bulchiinsaa gaarii akka siif ta'us siif hawwineerra."* jechuun fedhii bulchiinsa isaatiif qabanu calaqqisiisan.

Umaris ummanni guutummaatti isa filachuu barraan yeroo lammaffaadhaaf ol ka'ee Rabbiin faarfate. Ergamaa keenya Muhammadittis nageenyaa fi rahmata buuse. Itti aansuunis haasawa jajjabaa taasisee akkas jedhe.

"Yaa muslimoota. Sodaa Rabbiin isiniif dhaama. Sodaan Rabbii bakka hundaa fi sochiilee hunda keessatti ta'aa dha. Aakhiraa

keessaniif hojjedhaa. Namoota aakhiraa jaraatiif hojjetanu Rabbiin dhimma duniyaa jaraa jaraaf laaffisa. Keessoo keessan bareechaa Rabbiin gubbaa keessan bareechaa. Yaadannoo du'aas baay'isaa. Osoo isiin gara keessanitti hin dhufin wanta isiif barbaachisuun qophaa'aa.

Beekaa hundi keenyayyuu Rabbii keenyarratti, ergamaa keenyaa fi kitaaba (Qur'aana) keenyarratti wal-mormii hin qabnu. Garuu wanti wal nu mormisiisu dhimma diinaaraa fi dirhamaati. Rabbii guddaadhaanan kakadha. Nam tokkoofillee haqa isaa malee woma tokkollee hin kennu. Nama haqa qabu kamillee ammoo haqa isaa isa hin dhoorgadhu." Jedhe.

Xumura irrattis sagalee ol fuudhee *"Yaa ummataa. **Nama Rabbiin bule isaan buluun barbaachisaa dha. Nama Rabbiin yakke ammoo ittiin buluun hin barbaachisu. Yoon Rabbiin bule naan bulaa. Yoon Rabbiin yakke ammoo naan buluun isinirraa hin eegamu."*** Jedhee minbararraa gadi bu'e. ummannis bittinnaa'e.

Dabalataanis akka seera bulchiinsa Umawiyyootaatti yeroo bulchaan tokko du'u meeshaaleen bulchaan sunii fi maatiin isaas ittiin fayyadamaa turan marti maatii bulchaa du'ee sanaaf gala. Kanneen itti hin tajaajilamin ammoo bulchaa itti aanuuf galii godhama.

Garuu Umar yeroo qoqqoodamiinsa sana ilaalu. Maatii Sulaymaaniin *"yaa jarana qabeenyi kun koo miti. Sunis keessan*